# Gilgaala (Review) Kireeffannaa Manaa bara 2024

## Gargaarsa kireeffattootaa

Gabaa kireeffannaa manaa kan bara 2024 jijjiirama taasisamaa jiru ilaalchisee akka kireeffatoonni karoorfataniif yeroo gahaa kennuufiif gilgaalli (review) **Hagaya (August) irraa gara Sadaasa (November) 2024** dabarsamee jira.

Yoo kireeffatooti gatii kiraa itti baayyate gargaarsi adda addaa ni jira. Kunis kan dabalu:

- **Gargaarsa kireefata manaa (rental rebate)**
- **Gargaarsa rakkoo maallaqaa**
- **Tajaajila gorsa maallaqaa fi nagahoomaa**



## Gargaarsa Kireefata manaa (Rental Rebate)

**Kireeffatoonni manneen ummataa Victoria keessaa gargaarsa kireefata manaa (rental rebate) kan jedhamu gargaarsa maallaqaa kiraa manaatiif iyyata naqatuu danda'u.**

Waliigala maallaqaa namootni manicha keessa jiraatan argatan keessaa dhibbantaa 25 fi gatii kiraa manichaa gabaa irra jiru gidduu gara garummaan jiru wal bira qabamee ilaalamee gargaars kireeffata manaa (rental rebate) kennama.

Gargaarsi kireeffata manaa akka kireefatootni manicha keessa jiraatan maallaqa argatan irraa dhibbantaa 25 caalaa hin kaffalle kan gargaaruu fi kireeffata dhuunfaa (private rental) irraa adda tahee dha.

Kireeffatootni gargaarsa kireeffata manaa argachuuf haala maallaqa argatnii irratti hundaawanii yeroo kam illee iyyannaa isaanii kara Tajaajila Toora Interneetaa Manneen Vic (Housing Vic Online Services) ykn (bakka kanaa gadi jiru tuquudhaan) unka (form) guutanii naqatuu danda'u. Kana gara waajjira manneen ummataa naannoo kee jirutti ergi.

**housing.vic.gov.au/market-rent-and-rental-rebates**

## Gargaarsa rakkoo maallaqaa

Rakkoo maallaqaaf gargaarsa argachuuf namni gargaarsa kireeffata manaaf (rental rebate) gaafatu ulaagaa itti aanu kana guutuu danda'uu qaba:

- yeroon baasii kiraa manaa itti dabruu
- maallaqa duraan argataa turan sababa dhukkubaa fi dhibee fayyaa irraa kan ka'e argatuu dhabuu, ykn
- haalli kan biroon rakkoo maallaqaa itti uumuu.

Rakkoo maallaqaa (hardship) kanaaf iyyannaa naqatuuf kireeffatootni wajjira manneen ummataa naannoo isaanii qunnamuudhaan unka (form) gilgaala rakkoo maallaqaa kireeffannaa manaa 2024 fuudhatanii guutuu danda'y ykn itti guutuuf gargaarsa gaafatuu danda'u.

Kireeffatootni kana dura iyyata naqatanii jiran iyyannaan isaanii bakkuma turaaf, yeroo ibsi kireeffata manaa haaraan bahu isaanitti himama.

Kireefatootni yoo dhimma kana irratti gaaffii qabaatan, waajjira manneen naannoo isaanii qunnamuu danda'u.

## Tajaajila gorsa maallaqaa fi nagahoomaa

**Kireeffatootni manneen ummataa tajaajila gorsa maallaqaa fi nagahoomaa hiccitiin isaa tikfame Kireeffatoota Victoria (Tenants Victoria) fi Wiirtuu Tarkaanfii Seeraa Dhimma bahootaa (Consumer Action Law Centre) irraa argatuu danda'u.**

### Kireeffatootni manneen ummataa akkamiin akka tajaajila argatan

Gorsa mallaqaa kan **Kireeffatoota Victoria (Tenants Victoria)**, kennu argatuuf kireeffatootni, waan godhchuu qaban:

- Gara **financialcounselling@tenantsvic.org.au** email ergi (filatama) Sana booda Garsitootni Maallaqaa yeroo siif mijjatutti si qunnamu.
- Kireeffatoota Victoria (Tenants Victoria) guyyaa hojii ganama sa'aa 9 irraa hanga galgala sa'aa 5 gidduu **03 9411 1444** irratti itti bilbili.

Gorsa maallaqaa kan kennu **Wiirtuu Tarkaanfii Seeraa Dhimma bahootaa (Consumer Action Law Centre)** argatuuf kireeffatooti, waan godhchuu qaban:

- Toora Gargaarsa Liqaa Maallaqaa Biyyaalessaa **1800 149 689** irratti bilbili
- (Kireeffatoota manneen ummataa keessa jiraataniif) **filmaata (option) 1 tuqi**
- Mar-sariitii (website) Toora Gargaarsa Liqaa Maallaqaa Biyyaalessaa (National Debt Helpline) **(www.ndh.org.au)** ilaali Waldubbannaa NDH (NDH Chat) irratti gorsitoota maallaqaa sitti dubbatan waliin dubbadhu

Kireeffatoota afaan hiikaa barbaadaniif yeroo isaan gaafatanitti ni qopheessamaaf.

Kara itt wal qunnamtii olitti ibsametti dabalee, email kanaa gadi jiru dhiima bahuudhaan tajaajila kanaaf gaafatuunis ni danda'ama:

- **ndh@consumeraction.org.au**
- **financialcounselling@tenantsvic.org.au**

### Hiikkaawwan

**www.homes.vic.gov.au/rent-review-translations**

### Gaaffii qabduu?

**www.homes.vic.gov.au/rent-review**

**enquiries@homes.vic.gov.au**

Oromoo | Afaan Oromoo

homes victoria

VICTORIA State Government — Families, Fairness and Housing

Abboomsaa fi maxxansaan Mootummaa Victoria, 1 Treasury Place, Melbourne.
© State of Victoria, Homes Victoria (Director of Housing), Fulbaana 2024.

HV019924